DAA'IMNI KEESSAN GIFIRA QABDI JETTANII YAADDUU

Yoo daa'imni keessan gifira qabdi jettanii yaaddan maal gootu?

Dhukkubni gifiraa yeroo baay'ee ho'a qaamaa, qufaa, funyaan dhangala'aa qabaachuu fi ija diimaachuun kan jalqabu yoo ta'u, kunis gara dhiita'uutti/qaamni shif jechuutti nama geessa. Maatii keessan keessaa namni tokko mallattoo dhukkuba gifiraa yoo qabaate:

Miseensota maatii irraa fageessanii kaa'uu dhukkubsa-tootta kan hin taane.

Namni mana keessa jiru hundi mana turuu qabaolla keessan ykn namoota mana keessaniin ala jiran akka hin dhukkubsannef.

Battaluma doktora ykn hospitaala bilbilinamni mana keessan keessa jiru dhukkuba gifiraatiin akka dhukkubsate itti himuuf. Isaan qajeelfama siif kennu.

Yoom gara kutaa balaa tasaa deemuu akka qabdan

Namni dhukkubsate sun saffisaan yoo itti hammaate ykn mallattoolee armaan gadii keessaa tokko yoo qabaate hatattamaan gara kutaa balaa tasaa hospitaala tokkootti geessaanii

HIN EEGINAA/HIN TURINAA.

Hargansuu dadhabuu
(ykn hargansuu sirrii ta'ee caalaa harganuu)

Yeroo hangasuu ykn qufaa dhukkubbiin jiraachuu

Bishaan qaama keessaa hir'achuu
(funyaani fi afaan goguu, fincaan xiqqaachuu, imimmaan osoo hin baasin boo'uu)

Ho'i qaamaa ykn mataa dhukkubbiin dhaabbachuu dhiisuu

Burjaajii, dammaqinni hir'achuu ykn dadhabbii cimaa

Halluu cuquliisa naannoo afaanii, anniisaa xiqqaa, ykn nyaata nyaachuu irratti rakkachuu
(ijoollota dargaggoof)

Osoo hin qaqqabiin dura namni tokko akka bilbilu godhi. Namni dhukkuba gifiraa qabu akka dhufaa jiru hospitaalicha beeksisaa.